## Aangoo fi Hojii BAAWO Daayirektoreetii Qo'annoo, Qophii Wixinee fi Hordoffii Seeraa Ilaallatan

Aangoofi hojii BAAWO seerota adda addaa keessatti hammatamee jira. Kanneen keessaa aangoofi hojiin Daayireektoreetii Qorannoo, Wixinee fi Hubannoo seeratiin raawwatamuu qaban Labsii Hundeeffama Mana Hojichaa Labsii Lakk 214/2011 fi Fooya'insa isaa Labsii Lakk 236/2013 fi Labsii, Lakkoofsa 222/2012 jalatti bal'inaan hammatameera. Kanneen abbummaan Daayirektoreetichaan raawwataman gabaabinaan kanneen armaan gadiiti:

- Imaammata haqaa yakkaa fi tarsiimoo ittisa yakkaa biyyattii irratti hubannoo uumuun qaamota biroo waliin qindaa'ee hojiirra oolchuu.
- Seerotni bahan hojiirra ooluufi hojiirra oolmaan isaaniis walfakkaatinsa kan qabu ta'uu mirkaneessuu;
- Manneen hojii qaama raawwachiistuu mootummaa Naannichaa hojii isaanii bu'uura seer-aatiin raawwachuu isaanii mirkaneessuu;
- Dhimma seeraa irratti qaamolee mootummaatiif gorsaa seeraa kennuu;
- Qajeelfama Qophii Wixinee Seeraa Mana Hojii irraa dhiyaatu simatee xiinxaluun yookiin dhimmoota aangoo Biirichaa ta'an irratti seera baasuun yoo barbaachise Wixinee Seeraa qopheessuu ;
- Wixineen seeraa akka qophaa'u mootummaadhaan yammuu gaafatamu qorannoo fi qo'annoo gaggeessuun yookiin qorannoo gaggeeffame bu'uureffachuun wixinee seeraa qopheessuu;
- Seerotni bahan Heera, seerota Naannichaafi Federaalaa, Waliigalteewwan Idil-Addunyaa, mirga dubartootaafi daa'immanii akkasumas, tumaalee kan biroo Itoophiyaan mirkaneessite waliin kan wal siman ta'uu isaanii mirkaneessu;
- Hubannoon seeraa hawaasaa akka cimu barumsa hubannoo seeraa kennuu; qaamota dhimma kana irratti hirmaatan qindeessuufi bu'aa isaa xiinxaluu.
- Seeronni bahan yookiin fooyya'an qo'annoo irratti akka hundaa'an qo'annoo seeraa gaggeessuu; akka gaggeeffamu taasisuu;
- Seerota Naannichaa gara Afaan Amaariffaa fi Ingiliffaatti hiikuufi kanneen hiikamanii dhiyaatan sirrummaa isaanii gulaaluun magalata irratti akka maxxanfamuuf qama dhimmi ilaallatuuf erguu;
- Seerota naannichaa ragga'an sirnaan galmeessee qabachuu; hojii kodifikeeshiniifi jildeessuu raawwachuu;

- ♣ Qaamolee dhimmi ilaalu waliin ta'uun seerota Federaalaa gara Afaan Oromootti hiikuu.

### ➢ Ulaagaalee tajaajila Argachuuf Barbaachisu

1. **Tajaajila qophii wixineessa seeraa Argachuuf:**

   Manni hojii qaama raawwachiisaa wixineen seeraa akka qophaa'uuf barbaadu kamiyyuu kanneen armaan gadii guutee dhiyeessuu qaba:

   - ✍ Wixinee seeraa bara hojii tokko keessatti qopheessuuf karoorfate jalqaba bara baajatichaa irratti karooricha Biirichaaf erguu;
   - ✍ Seerri akka wixinaa'u qaama aangoon kennameefiin hayyamamuu isaa;
   - ✍ Qorannoo seericha wixineessuuf gaggeeffamee soofti kooppii fi haardi kooppii Biirichaaf dhiyeessuu;
   - ✍ Qajeelfama qophii wixinee seeraa dhiyeessuu Biirichaaf;
   - ✍ Biiricha waliin walitti dhufeenya hojii uumuufi yeroo yeroon hordoffii taasisuun yeroo barbaadametti marii irratti hirmaachuun ibsa barbaachisu kennuu;
   - ✍ Sirreeffama Biiricha irraa kennameef fudhachuun yeroo kennameefi akkaataa jedhameen sirreessee deebisuu.

2. **Tajaajila Gulaallii Hiika Seeraa Argachuuf**

   - ✍ Manni Hojii seerri bahe isa ilaallatu kamiyyuu hiika seeraa raawwachuun gulaalliif Biirichaaf dhiyeessu qaba.
   - ✍ Afaan Amaaraffaa fi Ingilaffaa karaa wal simuun seericha qulqullinaan hiikee haard-kooppii fi sooft-kooppiin dhiyeessuu qaba;

3. **Gorsa , deeggarsa, yookiin Leenjii Seeraa Argachuuf**

   - ✍ Manni hojii gorsi, deeggarsi yookiin leenjiin seeraa akka kennamuuf Biiricha gaafatu gaaffii isaa karaa ifa ta'een Biirichaaf dhiyeessuu qaba;
   - ✍ Baasii leenjiif barbaachisu uwwisuu qaba.

4. **Seerotaa Naannichaa Argachuuf:**

   - ✍ Namni seerota naannichaa argachuu barbaadu kamiyyuu seerii Daayireektoreeticha bira jiru sooft-kooppii isaa qofa ta'uu beekee falaashii yookiin CD itti fudhatu qabatee dhiyaachuu qaba.